**MANA HOJII ABBAA ALANGAA WALIIGALAA OROMIYAA**
**የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ**
**OROMIA ATTORNEY GENERAL**
**FINFINNEE/ ፊንፊኔ/ FINFINNE**

Guyyaa/ቀን 12/5/2013
Date
Lakk/ቁጥር Ð/Hu6-12/4738
Ref.No

Manneen Hojii Abbaa Alangaa Godina 22 tiif

Dhaddachaalee Dhaabbii Sadan tiif

B/jirtantii

Dhimmi:-Qajeelfama Gumii Mirkanaa'e Isiniif Erguu Ta'a

Akkuma Mata duree irratti Ibsuuf Yaalamee Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigala Oromiyaa wal ga'ii gaafa 10/5/2013 gaggeesseen Wixinee Durgoo Oolmaa Abboo Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii ta'anii murteessuuf qophaa'e qorachuun mirkaneessee jira.

Isinis Kanuma beektanii hojii irraa akka oolchitan jechaa Qajeelfama Durgoo Oolmaa Abbootii Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii ta'anii murteessuuf Bahee Lakkoofsa 14/2013 fuula ----- xalayaa gaggeessituu kana waliin qabsiifnee isiniif erginee jira.

Nagaa wajjin!

[Signature and stamp: ...useen Usmaan Aadan / ...bbaa Alangaa Waliigala / ሁሴን ኡስማን አደም / ...ጠቅላይ ዐቃቤ...]

**Hubachisaa**

**Qajeelfama kana Keewwata 6ffaa fi 7(4) ilaalchisee hanga Qajeelfamni biroo isin qaqqabuutti akka hojii irraa hin Oolchinee isin hubaachiifna.**

[Stamp: Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa / የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ / Oromia Regional ... Attorney General]

**G/G**

- Waajjira AAWO tiif
- Daar Bi/Bu/Fa/ Qabeenyaa tiif.
- Daar/Odiitii Keessoo tiif.

**MHAAWO**

- Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa/ D/ Oromiyaatiif.

**Finfinnee**

- Waajjira MWD Godina 22 tiif.

**Bakka jiranitti**

☎ 011-550-8204 ✉ 9156,Finfinnee, Itiyoophiyaa Faaksii/ፋክስ/Fax:- 011-550-1824/1825 email:-mhaawo2011@gmail.com
Deebiin yemmuu nuuf barreeffamu lakkoofsi xalayaa keenyaa haa ibsamu.
መልሱን ሲጽፉልን የደብዳቤያችንን ቁጥር ይጥቀሱ ::

**Qajeelfama Durgoo Oolmaa Abbootii Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii Ta'anii Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 14/2013**

Abbootiin Alangaa fi Ogeessotni Biroo Muudamtoota Gumii Ta'an yemmuu hojii dirreetiif bobba'an yaaddoo tokko malee hojicha kaka'umsa ol'aanaa fi bu'aa qabeessummaan akka raawwatan taasisuuf durgoo oolmaa ulfaatina hojii isaan hojjataniin walsimuu fi saaxilamummaa amala hojichaa tilmaama keessa galche akka argatan taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Abbootiin alangaa fi ogeessotni biroo muudamtoota gumii ta'an bakka hojii dirreetti naamusaa isaanitiin fakkeenyummaa gaarii qabaachuudhaan bilisummaa ogummaa fi ittigaafatamummaa Abbaa Alangummaa akka dhugoomsan durgoo oolmaa isaaniif malu fooyyessuun murteessaa waan ta'eef;

Qajeelfamni durgoo oolmaa yeroo ammaa hojiirra jiru bara 2007 keessa kan bahe yemmuu ta'u kan hojjattoota mootummaa yeroo adda addaa yeroo fooyya'ullee durgoon abbootii alangaa kan hin fooyyofne, haala yeroo ammaa jiruu fi qaala'iinsa jireenyaa biyya keessatti mul'atu wajjiin kan hin deemne waan ta'eef;

Muuxannoowwan iddoo adda addaa, qala'iinsa gabaa yeroo ammaa jiruu fi humna mootummaa tilmaama keessa galchuudhaan durgoo Abbootii Alangaa fi ogeessota biroo muudamtoota Gumii ta'anii fooyyessuun ogeessota dandeettii ol'aanaa qabanii fi muuxannoo horatan mana hojichaa keessa akka turan gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakkoofsa 214/2011 keewwata 27(2) fi Dambii Bulchiinsaa fi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 218/2013 Keewwata 153 tiin Qajeelfamni kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Qajeelfamni kun **"Qajeelfama Durgoo Oolmaa Abbootii Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii Ta'anii Lakkoofsa 14/2013"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Qajeelfama kana keessatti:-



Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ... Oromia Regional ... General

1) **"Abbaa Alangaa"** jechuun ogeessa seeraa ogummaa Abbaa Alangummaatiin akka tajaajilu akkaataa Labsii Lakkoofsa 214/2011 fi Dambii Bulchiinsa Abbootii Alangaatiin muudame, Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa akkasumas kaayyoo Qajeelfama kanaatiif hogganaa sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti muudame kan dabalatuudha.

2) **"Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii Ta'an"** jechuun ogeessota hojii qorannoo yakka malaammaltummaa fi taaksiif hojjechuuf haala addaatiin gumiin muudaman ta'ee Ogeessa Calaltuu Odeeffannoo, Qondaala Funaanaa Odeeffannoo, Ogeessa Oditii Ol'aanaa, Ogeessa Bittaa Olaanaa, Ogeessa Mahaandisii Olaanaa, Hojjetaa qabaa qabeenya bu'aa yakkaa kan dabalatuudha.

3) **"Abbaa Alangaa Waliigalaa"** jechuun hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.

4) **"Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa"** jechuun Itti Aanaa hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.

5) **"Gumii"** jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa bu'uura Labsii Lakkoofsa 214/2011 fi Dambii Bulchiinsaa fi Naamusa Abbaa Alangaa Lakkoofsa 218/2013tiin hundeeffame jechuudha.

6) **"Magaalota Muummee"** jechuun bu'uura ramaduu magaalotaa seeraan tumameen Magaalaa Jimmaa, Shaashamannee, Adaamaa, Sabbataa, Bishooftuu, Burraayyuu, Dukamii fi Naqqamtee yoo ta'an, magaalota biroo seeraan yookiin murtii qaama aangoo qabuutiin sadarkaan kun kennameef kan dabalatu ta'ee hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaaf Magaalaa Harar kan dabalatu jechuudha.

7) **"Magaalaa Idilee"** jechuun Magaaloota Muummeetiin ala kanneen jiran jechuudha.

8) **"Durgoo Oolmaa Guyyaa"** jechuun durgoo Abbaa alangaa yookiin ogeessa biraa muudamaa gumii ta'e tokkoof biyya keessatti iddoo hojii idilee isaa irraa dhimma hojiitiif socho'ee guyyichatti deebi'uu yoo hin dandeenye baasii nyaataa fi ciisichaa guyyaa tokkoof barbaachisuudha.

9) **"Durgoo Gammoojjii"** jechuun Abbaan Alangaa yookiin ogeessa biraa muudamaa gumii tokko dhimma hojiitiif iddoo durgoon gammoojjii ni malaaf jedhame seeraan murtaa'eetti yeroo hojiif socho'uu durgoo kaffalamuuf jechuudha.

10) **"Mana Hojii"** jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuudha.

11) **"Ramaddii Sadarkaa Gita Hojii"** jechuun gosaa fi hanga faayidaa murteessuuf jecha akkaataa Qajeelfama kana keewwata 5 tiin gitoota hojii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa fi caasaa isaa sadarkaan jiruu jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Abbootii Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii ta'anii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran keessatti hojjatan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**5. Ramaddii Sadarkaa Hojii**

1) Hanga Durgoo Oolmaa biyya keessaa Abbootii Alangaa yookiin ogeessota biroo muudamtoota gumii ta'anii murteessuuf jecha gitootni hojii isaanii sadarkaa 1ffaa hanga 4ffaatti kan qoodamu ta'a.

2) Ramaddiin gitoota sadarkaa hojii Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee **miiltoo 1ffaa** Qajeelfama kanaan walqabate keessatti kan ibsame ta'a.

3) Gumiin Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame sadarkaa gitoota hojii miiltoo keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsamee fooyyessuu yookiin haaraa dabaluu ni danda'a.

**Kutaa Lama**

**Durgoo Oolmaa Abbaa Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii Ta'anii**

**6. Durgoo Keessummeessituu**

Abbaan Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa fi hoggantootni sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti jiran bakka hojii dirreetiif deemanitti kessummeessa adda addaatiif kan oolu nagaheen kan itti hin dhiyaanne deemsa dirree tokkoof **(for single**



Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
Oromia Regional ... Attorney General

**trip)** turtii guyyoota afurii fi sanaa gadiif Qarshiin 3000 (kuma sadi) kan kaffalamu ta'ee yeroon turtii guyyaa afurii ol yoo ta'e akkaatuma kanaan dabalaa kan deemu ta'a.

7. **Kaffaltii Durgoo Oolmaa Biyya Keessaa**

1) Hangi durgoo Oolmaa magaalootaa guddinaa fi sochii hawaas-diinagdee magaalotaa bu'uura godhachuudhaan kan murtaa'u ta'ee, Magaaloonni Teessoo Bulchiinsa Mootummaa Naannoo ta'an ilaalchisee durgoo oolmaa magaalootaa kaan irra haala caalmaa qabuun murtaa'eera.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, durgoon oolmaa Magaalootaa Muummee fi Magaalootaa Idilee guddinaa fi sochii hawaas-diinagdee isaanii haala tilmaama keessa galcheen murtaa'eera.

3) Durgoon oolmaa biyya keessaa Abbootii Alangaa fi ogeessota biroo muudamtoota gumii ta'aniif kaffalamu sadarkaa ittigaafatamummaa isaan irra jiranii fi bakka hojii dirreetiif deeman bu'uura godhachuun akkaataa miiltoo 2ffaa, 3ffaa, 4ffaa, 5ffaa, 6ffaa fi 7ffaa Qajeelfama kanaan walqabate keessatti ibsameen ta'a.

4) Abbaan Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa fi hoggantootni sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti jiran baasii ciisichaa ilaalchisee hanga hoteela abbaa urjii afurii (4) tti fi nyaataaf nagahee dhiyaatuun kan bu'u ta'a.

5) Durgoon oolmaa guyyaa kan bu'uureeffatu shallaggii durgoo oolmaa guyyaa tokko keessaa 10% ciree, 25% laaqana, 25% irbaata fi 40% sireedhaaf kan ramadameedha.

6) Magaalota teessoo Bulchiinsa Godinaalee, teessoo bulchiinsa Aanaalee fi magaalootaa biroo teessoo bulchiinsa Godinaalee fi Aanaalee hin taanee dabalatee durgoon oolmaa kaffalamu bu'uura **miiltoo 4ffaa** keessatti murtaa'een kan magaalaa guddichaaf kaffalamu ta'a.

7) Eegdotaa fi konkolaachistootni Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi hogganaa sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti jiru waliin dirree bahan isaan irraa adda bahanii yookiin fagaatanii waan hin bulleef baasiin siree baaqqee **(single bed)** nagahee dhiyaatuun kan bu'u ta'a. Sireen isaan fayyadamanis siree hoggantootaaf qabamu irraa sadarkaa tokkoon gadi kan aanu ta'a.

8) Durgoon oolmaa Eegdotaa fi konkolaachistoota Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi hogganaa sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti



Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
Oromia Regional ... Attorney General

jiruu bu'uura qajeelfama durgoo hojjetoota mootummaa naannichaatiin eeyyamameen kan kaffalamuuf ta'a.

**8. Durgoo Abbaa Alangaa Yookiin Ogeessa Biroo Muudamaa Gumii Ta'ee Ergifatamee**

Abbaan Alangaa yookiin ogeessi biroo muudamaa gumii ta'ee ergifannaan fudhatamee hojii Abbaa Alangummaa yookin hojii ogummaa hojjetu hanga ergifannaan jirutti durgoon oolmaa kaffalamuuf kan sadarkaa mana hojii irraa ergifatamee ta'a.

**9. Iddoowwan Walirra Bu'an**

Iddoon tokko caaseeffama akka Aanaa, akka Godinaa fi akka Naannootti ta'ee tajaajila yoo ta'e durgoon kan itti kaffalamu caaseeffama isa sadarkaa ol'aanaaf ta'a.

**10. Durgoo Gammoojjii Yookiin Baddaa**

Durgoon oolmaa bakka durgoon gammoojjii yookiin baddaa parsantaan herregamee kaffalamutti, hangi parsantaa durgoo gammoojjii yookiin baddaa iddichaaf eeyyamamee itti dabalamee kan kaffalamu ta'a. Fakkeenyaaf, bakka durgoon gammoojjii yookiin baddaa % 20 yookiin %30 yookiin %40 itti kaffalamutti durgoon oolmaa %20 yookiin %30 yookiin %40 herregamee itti dabalamee kaffalama.

## Kutaa Sadi

## Tumaalee Adda Addaa

**11. Nagahee Sobaa Dhiyeessuu**

Abbaan Alangaa yookiin ogeessi biroo muudamaa gumii ta'e kamiiyyuu faayidaa isaaf hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaadee nagahee sobaa dhiyeessuun kaffaltii fudhate qarshii seeraan ala fudhate deebisuun isaa akkuma eegametti ta'ee bu'uura Dambii Bulchiinsaa fi Naamusa Abbootii Alangaa fi ogeessa biroo muudamaa gumii ta'eetiin naamusaan kan gaafatamu ta'a.

**12. Aangoo Qajeelfamicha Fooyyessuu**

Gumiin Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame Qajeelfama kana fooyyeessuu ni danda'a.

**13. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

1) Qajeelfamni Faayidaa Abbootii Alangaa Lakkoofsa 9/2007 Qajeelfama kanaan haqamee jira.



Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
Oromia Regional ... General

2) Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Qajeelfama kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**14. Yeroo Qajeelfamichi Hojiirra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun **Amajjii 10, bara 2013** irraa eegalee hojiirra kan oolan ta'a.

Finfinnee, Amajjii 10, Bara 2013

Huseen Usmaan Aadam

Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Walitti Qabaa Gumii Waliigalaa

Miiltoo $1^{ffaa}$ Ramaddii Gitoota Hojii (Ittigaafatamummaa) Manneen Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

| SADARKAA MANA HOJII | SADARKAA RAMADDII | GITA HOJII/ITTI GAAFATAMUMMAA | IBSA DABALATAA |
|---|---|---|---|
| Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa | Ramaddii $1^{ffaa}$ (R1) | ○ Abbaa Alangaa Waliigalaa,<br>○ Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa<br>○ Hogganaa Sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti jiru | |
| | Ramaddii $2^{ffaa}$ (R2) | ○ Ittigaafatamtoota Waajjiraa Sadarkaa Naannoo,<br>○ Daayrektaroota,<br>○ Qindeessitoota dhaddachaalee dhaabbii,<br>○ Qindeessitoota Garee sadarkaa naannoo muudamaa Gumii ta'an;<br>○ Abbootii Alangaa Naannoo; | |
| | Ramaddii $3^{ffaa}$(R3) | ○ Ogeessota biroo muudamaa Gumii ta'an kan akka Ogeessa Calaltuu Odeeffannoo, Qondaala Funaanaa Odeeffannoo, Ogeessa Oditii Ol'aanaa, Ogeessa Bittaa Olaanaa, Ogeessa Mahaandisii Olaanaa, | |
| | Ramaddii $4^{ffaa}$(R4) | ○ Raawwataa bulchiinsa ciraa fi qabeenya bu'aa yakkaa | |
| Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa | Ramaddii $1^{ffaa}$ (R1) | ○ Ittigaaftamtoota Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa | |
| | Ramaddii $2^{ffaa}$ (R2) | ○ Abbootii Adeemsaa muudamaa gumii ta'an,<br>○ Qindeessitootaa Garee muudamaa gumii ta'an;<br>○ AbbootiiAlangaa Godinaa | |
| | Ramaddii $3^{ffaa}$(R3) | ○ Ogeessota biroo muudamaa Gumii ta'an kan akka Ogeessa Calaltuu Odeeffannoo, Qondaala Funaanaa Odeeffannoo, Ogeessa Oditii Ol'aanaa, Ogeessa Bittaa Olaanaa, Ogeessa Mahaandisii Olaanaa, | |
| | Ramaddii $4^{ffaa}$(R4) | ○ Raawwataa bulchiinsa ciraa fi qabeenya bu'aa yakkaa | |
| Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa | Ramaddii $1^{ffaa}$ (R1) | ○ Itti gaafatamaa Waajjiraa | |
| | Ramaddii $2^{ffaa}$ (R2) | ○ Abbootii Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa | |

**Miiltoo 2ffaa**

Hanga Durgoo Oolmaa Abbootii Alangaa fi ogeessota biroo muudamtoota gumii ta'anii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa Magaalota Teessoo Bulchiinsa Naannolee fi Magaalaa Dirre Dhawaa

| TL | Magaalaa Teessoo Bulchiinsa Naannolee fi Bulchiinsa Magaalaa | Sadarkaa **MHAA Waliigalaa** fi **MHAA Godinaatti** durgoo oolmaa Ramaddii bu'uureeffate | | |
|---|---|---|---|---|
| | | R2ffaa **MHAAWO** fi **R1**ffaa **MHAA Godinaa** | **R3ffaa fi R4ffaa** MHAAWO, R2ffaa MHAA Godinaa | **R3ffaa fi R4ffaa** MHAA Godinaa |
| 1 | Finfinnee | 730 | 600 | 450 |
| 2 | Maqalee | 615 | 480 | 350 |
| 3 | Samaraa | 635 | 595 | 350 |
| 4 | Bahar Daar | 675 | 560 | 400 |
| 5 | Asoosaa | 575 | 475 | 350 |
| 6 | Jigiijigaa | 615 | 535 | 400 |
| 7 | Gaambeellaa | 550 | 450 | 350 |
| 8 | Harar | 670 | 570 | 400 |
| 9 | Hawaasaa | 690 | 575 | 400 |
| 10 | Dirree Dhawaa | 640 | 495 | 400 |

**Miiltoo 3ffaa**

Hanga Durgoo Oolmaa Abbootii Alangaa fi ogeessota biroo muudamtoota gumii ta'anii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa Magaalota Magaalota Muummee Naannoo Oromiyaa

| TL | Magaalaa Muummee | Sadarkaa **MHAA Waliigalaa** fi **MHAA Godinaatti** durgoo oolmaa Ramaddii bu'uureeffate | | |
|---|---|---|---|---|
| | | R2ffaa **MHAA Waliigalaa** fi **R1**ffaa **MHAA Godinaa** | **R3ffaa fi 4ffaa** MHAAWO, R2ffaa MHAA Godinaa | **R3ffaa fi 4ffaa** MHAA Godinaa |
| 1 | Adaamaa | 725 | 625 | 440 |
| 2 | Sabbataa | 650 | 600 | 430 |
| 3 | Burraayyuu | 650 | 600 | 440 |
| 4 | Jimmaa | 595 | 575 | 430 |
| 5 | Naqamtee | 560 | 500 | 440 |
| 6 | Bishooftuu | 725 | 625 | 450 |
| 7 | Duukam | 650 | 600 | 430 |
| 8 | Shaashamannee | 595 | 575 | 430 |



Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ... Oromia Regional ... General

**Miiltoo 4ffaa**

Hanga Durgoo Oolmaa Magaalota Teessoo Bulchiinsa Godinaalee, Aanaalee fi Magaalaa biroo teessoo bulchiinsa Godinaalee fi Aanaalee hin taanee kan Naannolee kan agarsiisu

| TL | Magaalaa Teessoo Bulchiinsa Godinaalee fi Aanaalee, Magaalota biroo Naannolee | Sadarkaa MHAA **Waliigalaa fi** MHAA **Godinaatti** durgoo oolmaa guyyaa Ramaddii bu'uureeffate | | |
|---|---|---|---|---|
| | | R2ffaa MHAA **Waliigalaa** fi **R1ffaaMHAA Godinaa** | R3ffaa fi 4ffaa MHAAWO R2ffaaMHAA **Godinaa** | **R3ffaa fi 4ffaa** MHAA Godinaa |
| 1 | Oromiyaa | 560 | 500 | 400 |
| 2 | Tigiraay | 540 | 450 | 400 |
| 3 | Affaar | 550 | 450 | 400 |
| 4 | Amaaraa | 560 | 540 | 400 |
| 5 | Beenushaangul | 550 | 450 | 400 |
| 6 | Naannoo Umm.Kibbaa | 550 | 500 | 400 |
| 7 | Gaambeellaa | 450 | 400 | 345 |
| 8 | Somaalee | 500 | 450 | 400 |
| 9 | Hararii | 425 | 400 | 345 |
| 10 | Sidaamaa | 550 | 500 | 400 |

**Miiltoo 5ffaa**

Hanga Durgoo Oolmaa Abbootii Alangaa fi ogeessota biroo muudamtoota gumii ta'anii Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa Magaalota Teessoo Bulchiinsa Naannolee fi Magaalaa Dirre Dhawaa

| TL | Magaalaa Teessoo Bulchiinsa Naannolee fi Bulchiinsa Magaalaa | Sadarkaa **MHAA Aanaa yookiin Magaalaatti** durgoo oolmaa Ramaddii bu'uureeffate | |
|---|---|---|---|
| | | R1ffaa **MHAA Aanaa** | R2ffaa MHAA Aanaa yookiin Magaalaa |
| 1 | Finfinnee | 630 | 500 |
| 2 | Maqalee | 500 | 480 |
| 3 | Samaraa | 530 | 490 |
| 4 | Bahar Daar | 575 | 460 |
| 5 | Asoosaa | 430 | 360 |
| 6 | Jigiijigaa | 500 | 430 |
| 7 | Gaambeellaa | 450 | 400 |
| 8 | Harar | 430 | 400 |
| 9 | Hawaasaa | 590 | 470 |
| 10 | Dirree Dhawaa | 540 | 400 |

**Miiltoo 6ffaa**

Hanga Durgoo Oolmaa Abbootii Alangaa fi ogeessota biroo muudamtoota gumii ta'anii Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaalee Magaalota Muummee Naannoo Oromiyaa

| TL | Magaalaa Muummee | Sadarkaa **MHAA Aanaa yookiin Magaalaatti** durgoo oolmaa Ramaddii bu'uureeffate | |
|---|---|---|---|
| | | R1ffaa **MHAA Aanaa yookiin Magaalaa** | R2ffaa **MHAA Aanaa yookiin Magaalaa** |
| 1 | Adaamaa | 625 | 450 |
| 2 | Sabbataa | 600 | 400 |
| 3 | Burraayyuu | 600 | 400 |
| 4 | Jimmaa | 575 | 400 |
| 5 | Naqamtee | 500 | 400 |
| 6 | Bishooftuu | 625 | 450 |
| 7 | Duukam | 600 | 400 |
| 8 | Shaashamannee | 575 | 400 |

**Miiltoo 7ffaa**

Hanga Durgoo Oolmaa Magaalota Teessoo Bulchiinsa Godinaalee fi Aanaalee Naannolee

| TL | Magaalaa Teessoo Bulchiinsa Godinaalee fi Aanaalee, Magaalota biroo Naannolee | Sadarkaa MHAA Aanaatti durgoo oolmaa guyyaa Ramaddii bu'uureeffate | |
|---|---|---|---|
| | | R1ffaaMHAA Aanaa **yookiin Magaalaa** | R2ffaaMHAA Aanaa **yookiin Magaalaa** |
| 1 | Oromiyaa | 500 | 380 |
| 2 | Tigraay | 450 | 350 |
| 3 | Affaar | 450 | 350 |
| 4 | Amaaraa | 540 | 380 |
| 5 | Beenushaangul | 450 | 380 |
| 6 | Naannoo Ummattoota Kibbaa | 500 | 380 |
| 7 | Gaambeellaa | 400 | 380 |
| 8 | Somaalee | 450 | 380 |
| 9 | Hararii | 400 | 400 |
| 10 | Sidaamaa | 500 | 380 |